

مؤسسة دار الفكر

Dar Al-Fiker Foudation

منفدى - أثيوبيا



Imam Al- Shatibi's Theory Of
The Higher Objectives And Intents Of
Islamic Law

Ahmad Al-Raysuni

ILAALCHA IMAAM AL -SHAAXIBIIN
KAAYYOO GURGUDDOO FI IMAAMMATA
SEERA ISLAAMAA IRRATTI QABAN

Qopheessaan:

Ahmad Al-Reeysuuni

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyooophiyaa 2018

**IMAM AL- SHATIBI’S THEORY OF
THE HIGHER OBJECTIVES AND
INTENTS OF ISLAMIC LAW**

Ahmad Al-Raysuni

**Ilaalcha Imaam Al –Shaaxibiin
Kaayyoo Gurguddoo fi
Imaammata Seera Islaamaa Irratti
Qaban
Qopheessaan:
Ahmad Al-Raysuni**

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al
Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C

DF-E-TrBs-18/67

Kitaabota IIIT kuta kutaadhaan jiran

Kitaabonni IIIT kutaa kutaadhaan jiran, kitaabban dhaabbatichaan maxxanfaman, kan bifa gabaabaa ta'een cuunfamee barreffameedha. Kan inni karoorfameef bifa gabaabaadhaan dubbistootaaf qabiyyee ergaa kitaaba bu'uuraa keessa jiru kennuufi. Bifa gabaabaa, dubbisuuf salphaa fi yeroo qusatuun qopheeffame. Kitaabni cuunfaan kun kitaaba guddaa dhihessee, qabiyyee isaa nama hubachiisa. Dabalataanis akka dubbisaan kitaaba bu'uuraa (original one) barbaadee dubbisuuf kaka'umsa godhatu taasisa.

Kitaabicha jalqaba Afaan Arabaatiin kan barreesse Ahmad al-Rasuunii yeroo ta'u, kan Afaan Oromootti hiike mana maxxansaa daar Al-fikridha.

Dhuma bara Islaamaa duraaniitti jidduu barsiisaa fi hojii Muslimni guyyaa guyyaadhaan hojjatuu adda baasuun uumamee ture. karaan baay'ee barbaachisaa ta'e, kan ittiin beektonni Muslimaa hariiroo jidduu Muslimaa fi Qur'aanaa jiru deebisuuf fayyadaman kaayyolee Islaamaa fi sababoota seerri Islaamaa kaa'ameef qo'achuudhaani. Isaanis kan armaan gadii ibsan: Islaamummaa keessatti seerri hundi hojii hojjatu qaba, kaayyoo dhugoomsu qaba, sababa ibsu ykn dhoksu qaba, kaayyoo guutuuf itti xiyyeeffate qaba. Kun hundinuu faayidaa ilma namaa argamsiisu fi miidhaa ykn malaa-maltummaa ilma namaa irraa deebisuufi. Akkamitti yaadaa fi kaayyoon ol-aantuun kun yeroo tokko Qur'aanaa fi sunnaa keessatti ifatti argama isa jedhu mul'isan. Yeroo biraa immoo beektonni yeroo fi iddoo irratti

hundaa'anii akka Qur'aanaa fi Sunnaa irraa hubatanitti ibsu isa jedhu mul'isan.

Kitaabni kun seenaa walii galaa waa'ee kaayyoo seera Islaamaa kallatii adda addaatiin ibsuu keessatti shoora bu'uuraa taphata. Akkasumas akkuma abbaa fiqhii isa kaayyoo irratti hundaa'eeiin –Imaam Abuu Is-haaq al-Shaaxibiidhaan- dursee eeagalamenti yaada kaayyoo irratti hundaa'e gadi fageenyaan qo'achuufi. Dabalataanis barreessaan kun qo'annaa al-Shaaxibii kan waan haaraa, odeeffannoo bu'a qabeessa waa'ee jiruu, yaadaa fi tooftaa imaama kanaa nuuf dhiheesse.

Kitaaba gabaabaa kan originaala isaa Ahmad al-Raysuniitu barreesse.

Ilaalcha Imaam al-Shaaxibiin kaayyoo seera Islaamaa irratti qaban

Seensa

Qopheessaan kitaaba kanaa, Ahmad al-Raysuuniin hayyuu beekamaa fi damee *Maqaasid al-Sharii'aa* (Kaayyolee Islaamaa ol-aantuu) keessatti, beekumsaa addaa kan qabaniidha. Barnoonni *Maqaasid al-Sharii'aa* kan jedhamu Afaan Oromotiin “**Ergaalee seera Islaamaa**” jedhamee hiikame. Matadureen kun rakkoo fi gufuu yaada/xiinxala ilaalchisee amma Muslimoota mudataa fi dura dhaabbataa jiru furuuf haal-duree barbaachisaadha. Beekumsi kun fiqhii kaayyoo irratti hundaa’ e dagaagsuuf gargaara. Akkasumas yaad-rimee seera bulmaata Islaamaa hubachuu fi ogummaa ergaa Rabbii raajjeffachuuf gargaara.

Jalqaba jaarraa Islaamaa keessa jidduu barsiisuu fi sonoota Muslimaa fi jidduu hojii Muslimni guyyaa guyyaan hojjatuu jidduu garaa garummaan akka jiru beektonni hubatanii turan. Faayidaa ilma namaa argamsiisuu fi miidhaa ykn malaa-maltummaa hambisuuf, beektonni kun kaayyolee Islaamaa fi seera Islaamaa ibsanii turan. Akkasumas yaada, kaayyolee fi hojii seera Islaamaa ykn sharii’aa ibsan.

Beektonni kun akkamitti kaayyoowwan ol’aanoon kunii fi sababni Qur’aanaa fi Sunnaa keessatti bifa ifa ta’een argama ykn *Ijtihaada* qixxisaa (*ijtihaada* of-danda’aa ta’een) dhabamsiifama isa jedhu mul’isan. Yeroo ammaa kana kaka’umsi bu’a qabeessii fi jijjiiramaan, kaayyolee ijoo kanaa qabsoo sirna barnootaa ifa godhuuf deema jiru qofaan danda’ama.

Kaayyolee Islaamummaa argamsiisuu fi hawaasa qaroomaan ibsuudhaaf Sunnaan furmaata, seerota, qabiyyee hojii fi tooftaa

hawaasaa lafa kaa'ee jira. Kitaabni kun fakkeenya addaa kan tooftaa hubannaa, Qur'aanaa, Sunnaa, ergaa fi qajeelcha jara lammanii irratti hundaa'an bakka bu'u dhiheessa. Imaam Abu Is-haaq al-Shaaxibiin (kan bara 790H/1388ADh)tti du'anii fi mata dureen kitaaba kanaa ulaagaalee fi kaayyolee seera Islaamaa qo'achuu ibsan. Tooftaan isaa Qur'aanaa fi Sunnaa sirriitti hubachuu fi fudhatama qabaachuu argamsiise.

Hiikni fedhii irratti hundaa'e bu'uura hubannoo keenyaa kan nuti ittiin hiika barruu akkanaa hubannuu fi seera nuti irraa fudhannuu ta'uu qaba.

Kitaabni kun barbaachisummaa seera walii galaa irraatti hundaa'uu fi akka seerri walii gala kun barruu tokkoo hubachuu fi itti fayyadamuu to'atu gabaabsee ibsa. waan seerri walii galaa fi kaayyoleen seera Islaamaa hojii ijtihaadaafi xiinxala Islaamaa hunda keessatti kan hin jijjiiramne ta'eef, kaayyolee fi barbaachisummaan seera kanaa irra deebi'amee hundeeffamuu qaba. Ibsi dhokataan Rakkoo sammuu Muslimaa keessa jiru wal-madaaluu dhabuu sadarkaa fi dursa isaati. Jiruun keenya kan akaadaamii, shaakalaa gatii fi dursa wal-hin madaallee fi fuggisoo sanaan miidhame.

Xiyyeffannoon mul'ataa fi seera qabeessummaa isaatiif kan kenname yeroo ta'u; kaayyolee fi qabiyyeen isaa ni dagatame. Seera tokko tokkeetu guyyaa hooggana; seerri walii gala kan seera tokko tokkee of keessatti qabatu ni dagatame. Qabxiin kun qabxii beektota Muslimaa, xiinxaltootaa fi warra namoota biraa gara Islaamaatti waamaniif baay'ee barbaachisaadha. Furmaanni isaa irra deebi'anii duraa fi duuba qabsiisuu fi mala Muslimni

wanta tokko ittiin sadarkaa fi gatii kennuuf irra deebi'anii ijaarudha.

Abbaan kitaaba kanaa seenaa wal-gahaa waa'ee kaayyoo seera Islaamaa kallatii adda addaatiin ibsuu fi xiinxala qo'annaa irratti hundaa'e akkuma abbaan fiqhii qo'annaa irratti hundaa'ee –Abuu Is-haaq al-Shaaxibiin- bu'uuressetti dhiheessee jira. Abbaan kitaabichaa “Kaayyolee seerotaan walitti hidhata qaban” barruu al-Shaaxibii irraa cuunfee akka nuti kaayyolee abbaa seeraa beeknu nu agarsiise. Nuti kan

ariitiidhaan barbaannu ijtihaadaa fi fiqhii kaayyoo irratti hundaa'eedha.

Kitaabni kun fakkeenya “*Fiqhii* jiruu”, ulaagaalee fi fakkeenyawwan bu'uura isaa hundeesse mul'isa. Fiqhiin Islaamaa jiruu Islaamaa ammaa kanaaf ulaagaa seeraa hundeessuu ni danda'a.

Dursa abbaa kitaabaa

Maqaasida fi ibsa kaayyolee gurguddoo

Hayyuun Tuuniiziyaa, Muhammad al-Xaahir bin Aashuur kaayyolee gurguddoo seera Islaamaa akkana jechuudhaan hiike: “Hiikaa fi faayidaawwan ogummaa qabu, kan kutaa abbaa seeraa, kan haala seerri irratti hojii irra oolu hunda ykn irra guddaa isaa keessatti beekamu...”. Kaayyolee walii galaa seeraa ibse. Kunis kan akka ajaja eeguu, faayidaa argamsiisuu, Miidhaa ykn malaa-maltummaa eeguu fi jidduu ummataatti wal-qixxummaa hundeessuuti.

Barreessaan Morookoo, Allaal al-Faasii jedhamu akkana jechuudhaan *Maqaasid al-Sharii’aa* ibse: “... Sababoota jala muramaa kan abbaan seeraa tokko tokkoon bulchiinsa isaa keessatti lafa kaa’eedha. *Al-Maqaasinni* faayidaa seerri dhala namaatiif mirkaneessuuf jecha tumameedha. Kaayyolee walii galaa kan seerri dirree seera baasuu hedduu keessatti; kaayyolee tokko tokkee (specific) kaayyolee Sanaa kan seerri iddoo tokko tokkeetti mirkaneessuuf hojjatutti, ykn lakkoofsa murtaawaa iddoo madaalamaa seera Islaamaa keessatti hojjatuu fi kaayyolee murtaawaa abbaan seeraa tokko tokkoon seera bulmaataa keessatti yaade guutuuf kan hundaa’eedha.

Beektonni fiqhii irra hedduun, kaayyolee isa boodaa kanaaf xiyyeeffannoo kennan. Dabalataanis kaayyolee kana jecha biraa kan akka ‘Hayyummaa (*Hikmaa*)’, ‘Bu’uura (*illah*)’ ykn ‘Hiika’ jedhu fayyadamuun ibsan. Jechi *Hikmaa* jedhu jecha ‘Fedhii’ ykn *qasd* jedhuu wajjiin akka hiika wal-fakkaataa qabutti itti

fayyadamu. Garuu beektonni fiqhii isa boodaa caalaa, isa duraatti fayyadamu. Beektonni fiqhii fi warri biraa yeroo jecha Hikmaa jedhu fayyadaman fedhii/kaayyoo abbaa seeraa jechuu barbaadaniiti.

Sababa (*illaa*) jechuudhaan kan itti fedhame yaada abbaa seeraa/abbaa amantii jechuu yeroo ta’u, jecha ‘Faayidaa/*Hikmaa*’ jedhuun hiika wal-fakkaataa qaba. Haala mul’ataa, beekamaa fi adda baafamaa ykn haala bulchiinsi seera qabeessi irratti hundaa’e ibsa. Kunis waan *hikmaan* seeraa tokkoo duuba jiru yeroo hunda haala mula’ataa fi adda ba’aadhaan wal-qabataa ta’eefi. Abbaan seeraa/abbaan amantii seera jiru akka seera keessatti walitti fakkeenyi hin uumamneef jecha ibsa mul’ataa fi adda ba’aadhaan wal-qabsiisa.

Al-Shaaxibiin ‘*Illaa*’ hiika isaa bu’uuraa fi irra sirrii ta’ee kan ‘Hikmaa/faayidaa fi bu’aa ajaja ykn seera’ jedhuun ibse. ‘Faayidaa ykn miidhaan mul’ataa fi adda ba’aa ta’uu fi ta’uu dhabuus ni danda’a.’ jedhe. illaan faayidaa seerri argamsiisuuf ykn miidhaa inni deebisuuf kan itti yaadame jechuudhaan hiike. Hiikni kun hiikaa bu’uura jecha kanaatiin wal-simata. Yaada Warra kaayyoo seera Islaamaa qo’atuutiinis wal-gala. Kunis sababa kaayyoo kana qo’achuun hundee bulmaata seeraa isa dhugaa qo’achuu ta’eefi.

Jechi *Ta’liil* jedhu hiika qabiyyee isaa walii gala kan bulmaata seera Islaamaa, kan faayidaa argamsiisuu fi rakkoo hambisuutiin yeroo ilaalamu, hiika bu’uuraa kan *Illah* jedhu irraa dhalate. Akkuma beektota duraanii al-Shaaxibiinis hanga jechi ‘Hiika’ jedhu suuta suutaan jecha ‘sababa (*illah*)’ jedhu ykn jecha

‘Faayidaa (*hikmaa*) fi fedhii (*maqsuud*) jedhuun bakka buufamutti jecha ‘hiika’ jedhu fayyadamaa ture.

Yaad-rimeen ‘Tiyoorii kaayyolee’ jedhu seera walii gala kan bulchiinsa Islaamaa seera qabeessaa fi ragaalee isa gargaaruuf tartiiba kennuu fi kallattii tokkoo fi hiika wal-fakkaatu kennu ibsa. Tiyooriin kaayyolee tiyoorii haqaa, tiyoorii ulaagaalee haqaa fi seera/bulchiinsa murtaawaa of keessatti hammata. Sagalee fi argannoon fudhatamaan tiyoorii kaayyolee seerri Rabbii ogummaa, gara laafina, haqaa fi wal-qixxummaa irratti hundaa’e jedhanii amanuu irratti hundaa’e. Hiikni qo’annaan hordoffii gadi fagoo seera Islaamaa irratti adeemsifame tiyoorii kaayyolee ol-aanaa ibsa.

Bu’uura kana irratti hundaa’uun tiyooriin kaayyolee bal’ina seera Islaamaa hooggana; hubannoo hundaa fi hiika of-danda’aaf akeeka kenna. Adeemsa kana keessatti qabxiin adda ba’iinsaa beekamtummaa hin malle, kan seerri faayidaa argamsiisuu fi miidhaa hambisuuf har’aa fi borus fayyaduudha.

Tiyooriin kaayyolee iskeelii faayidaa Islaamummaa keessatti qabuu ibsa. Kunis wantoota jiraachuuf dirqama nama barbaachisan (*al-Daruuriyyaa*), wantoota barbaachisoo garuu isa malees jiraachuun danda’amu (*al-Haajiyyaat*) fi kan jireenyi guutuu fi bareechuuf barbaachisan (*takmiiliyyaa*) faadha.

Ilaalcha kaayyolee gurguddaa al-Shaaxibii duraatti jiran

Barruun kaayyolee Islaamaa irratti al-Shaaxibiin duratti barreeffaman tiyoorii kaayyolee shari’aatiif seensa seenaa ta’anii tajaajilaa turan. Barruuleen kun kaayyolee seera Islaamaa argachuuf, barbaachisummaa isaanii walii galaa hubachuuf,

hundee fi madden tiyoorii isaa ibsuuf tarkaanfii al-Shaaxibii dura fudhatametu jira.

Dirreen umamaa, kan kaayyoleen seera Islaamaa irratti xiyyeeffatufiqhii Islaamaa fi bu'uurra isaa (*usuul al-fiqhi*) dha. Wanti kaayyolee kanaa ilaallatu hojii *fuqahaa* (beektota murtee sheri'aa Islaamaa bal'inaan beekan) fi *usuuliyyoota* (beektota seerota bu'uura Fiqhii) tiin ragaan itti godhamee jira. al-Shaaxibiin hojii garee lameenii kan kaayyoo irratti xiyyeeffatee, kan akka Usuuliyyootaa fi mana barumsa Maalikii irratti hundaa'e. Tiyooriin al-Shaaxibii Kan fiqhiidhaan wal-qabatu, irra hedduun isaa mana barumsa Maalikii fi kaayyolee seera Islaamaa isaaniitiin daangeffama. Sababa *fuqahaan* xiyyeeffannoo guddaa kaayyolee seera Islaamaatiif kennaniif *usuuliyyoonni* xiyyeeffannoo isaaniif Kennan.

Al-Juhaynii fi al-Gazaaliin saaphuphee (qindoomina) xiinxaloota warra *Usuul al-Fiqhii* qo'atanii keessatti hidhata mul'ataa qabu. Kunis mata duree *al-maqaasid* qabiyyee isaa muraas ibsuudhaani. Usuuliyyoonni barruu jaraa keessatti hiikaa fi tiyoorii duraa fudhatan.

Usuulli aadaa hidhata hiika bifa ifa ta'ee fi dhaala wal-qabataa ta'een al-Gazaalii irra dhufeen wal qabsiisu. Jaarraa sadaffaa keessa *falaasamni* suufiyyaa kan al-Hakiim al-Tirmizii jedhamu kaayyoo seera Islaamaa, seera Islaamaa bu'uuraa fi beekumsa (*Hikmaa*) dhokataa irratti xiyyeeffate. Tirmiziin sababa kaa'uun hundee dirqama amantii Islaamaa adda baase.

Beektonni *usuula fiqhii* duraanii aqiidaa fi qo'annaa fiqhii wajjiin wal-qabsiisu. Hayyoonni *Usuula fiqhii* armaan gadii warra kaayyolee seera Islaamaa irratti xiyyeeffataniidha: al-Juwaynii

(478H du'e) kitaaba *al-Burhaan* (mirkaneessa) jedhamu barreesse. Jalqaba nama *usuul al-fiqhii* irratti barreessee fi nama guddaa hordoftoota isaa irratti jijjiirama fideedha. Kan biraa immoo Imaam Abuu Haamid al-Gazaaliidha. Hirmaannaan guddaan al-Juhayniin kaayyoo seera Islaamaa irratti godhe: qabxii barbaachisaa, kan lubbuu qulqulluu eegu, wantoota walii galatti barbaachisan kanneen wantoota baay'ee barbaachisan jalatti hin ramadamne; kanneen mallattoo kabajaa barbaaduu fi faallaa isaanii dhiisuu wajjiin wal-qabatan; kan akka mallattoo qulqullummaa, warra hojii filatamaa ykn gaarii jajjabeessuuf barbaachisan daangessanii fi warra ibsa ykn kaayyoo ifaa dhabaniidha.

Al-Juwayniin kaayyoo abbaa amantii wantoota jireenyaaf barbaachisan, wantoota barbaachisoo ta'an garuu kan isaan ala jiraachuun danda'amu fi wantoota jiruu guutuu fi tolchuuf barbaachisan, qoodama isa bu'uura ibsa Maqaasidaa hunda ta'uu wajjiin wal-qabsiise. Jalqaba wantoota seera Islaamaa keessatti baay'ee barbaachisaa ta'an shan dura lafa kaa'e jira. isaanis: Amantii, lubbuu, sammuu, sanyii fi qabeenya.

Imaam al-Gazaaliin (505 H du'e) *usuul al-fiqhii* fi kaayyolee seera Islaamaa keessatti warra hangafa irraayi. Inni kun karaa ittiin *Ta'liil*, ykn hiika seera Islaamaa bu'uura (*ilal*) isaa lafa kaa'uutiin argate. Ammas fedhii seera Islaamaa keessatti '...kaayyoo abbaa seeraa/amantii eeguu.' jedhamun beekame ibse. Al-Gazaaliin kaayyolee jiddu galeessa seera Islaamaa kan *niyyaa* fi fedhiin hundi irra naanna'u ibse. Kan amantii ykn kan addunyaa jechuudhaan qoode. Dubbii isaas Akkana jechuudhaan goolabe: "Dahoon akka fedhe hojii saalfachiisaa ta'us wanti

wantoota amantiidhaan wal-qabatan hunda walitti hammate, akkasumas fedhii addunyaatiin wal-qabate” yoo fedhii addunyaa caala fedhii amantii irratti xiyyeeffate al-Gazaaliin ‘Amantii tiksuu’ keessaa kaayyolee seeraa akkaan barbaachisoo ta’an tarree duraa irratti ramade.

Al-Juwaynii hordofuudhaan al-Gazaaliin fedhiwwan seera Islaamaatiin tikfaman barbaachisummaa fi ifaa ta’uu isaa irratti hundaa’uun wantoota jireenyaaf barbaachisan (*al-daruuriyyaat*), wantoota barbaachisoo ta’an garuu kan isaan ala jiraachuun danda’amuu (*al-Haajjiyyaat*) fi wantoota jiruu guutuuf barbaachisan (*al-Tahsiiniyyaat*) jechuun bakka sadiitti qoode. Usuuliyyoota warra isa boodaatiif hanga yeroo imaam al-Shaaxibiitti ulaagaalee kaa’e. Imaam al-Shaaxibiin guddina seenaa *usuul al-fiqhii* keessatti abbaa dabaree sadaffaati.

Al-Gazaaliin beektota jaarraa 13^{ffaa} fi 14^{ffaa} jijjiiruu danda’ee ture. Jaarraan kunis jaarraa eektonni akka: Fakr al-ddiin al-Raazii, Sayf al-diin al-Haamidii, ibni al-Haajib, al-Baydaawii, al-Isnaawwii, Ibni al-Subkii, Izzaddiin bin Abdussalaamii fi Ibni Taymiyaa fa’a keessa jiraataa turaniidha. Beektonni kun seera al-Gazaalii hiikaa fi ibsa hawaasummaa keessatti itti fayyadaman. Ibni Taymiyaan kaayyolee seera Islaamaa barbaachisoo shanan usuuliyyootaatti ni amanu. seera kan akkaan guddaa jedhu ykn faayidaa addaa/akkaan barbaachisaa jedhutti hin amanan.

Kaayyolee mana barnoota Maalikii beekuun bu’uura tiyoorii al-Shaaxibii hubachuudhaaf nu fayyada. Manni barnoota Maalikii kan al-Shaaxibii jijjiire, kaayyolee seera Islaamaa irratti xiyyeeffachuudhaan fiqii Islaamaa kan warra kaanii irraa adda

ta'a. al-Shaaxibiin yaanni isaa booda keessa (yeroon booda) mana barnoota fiqhii Islaamaa biraatti babal'ate keessaa isa tokko.

Imaam Maalik bin Anas mana barumsichaa akka guutuu fi seera bilchaataatti dhaalan. Maalik akka hordofaa mana barnootaa Sanaa kan yaadicha waahillan ergamaa Rabbi (SAW) ⁽¹⁾irraa bifa oduu fi shaakalaatiin dhaalanitti of ilaalu. Maalik hiika of danda'aa fi murtii kennan. Beekumsa beektota Madiinaa akka caasaa isaatti fudhatan.

Fiqhii mana barumsa Madiinaa keessatti argameef, Umar bin al-Kaxxaab fakkeenya duraati. Manni barnoota Maalikii Umaritti hirkifame. Garuu hiikaa fi murtii inni Islaamummaaf kennuu ol-maddisiise. Mallatoo/hundeen isaa raga kitaaba Maalikii al-Muwaxxa' jedhamuu fi fiqhii isaanii, bulmaata seeraa, fatwaa/murtii isaanii fi aadaa erga Sunnaa ergamaa Rabbiitiin booda hundeeffame keessa jira. Adeemsi ummata Madiinaa sunnaa nabiiyyii, adeemsa bakka buutota qaqqajeeloo afraniinii fi bara Umar hundeeffame irratti hundaa'e. Umar jalqaba seera 'Fedhii hin daangefamne/*al-masaalih al-mursalah*' jedhuu fi 'Waan badaatti karaa cufuu/*saddu al-Zarii'ah*' jedhu akka tiyooriittis ta'ee qabatama/shaakalaanis lafa qabsiise.

Ibni Taymiyaan mana barumsa Maalikii caalaa, seera qabeessaa fi fudhatamaadha jedhanii moggaasan. Namni seera Islaamaa fi ulaagaa isaa qorate seera bu'uuraa kan maalikiitu sirrii tahuu arga jedhan. "Jiraattota Madiinaatu ulaagaa fi seera hunda keessatti

⁽¹⁾ SAW jechuun jecha Afaan Arabaa-Salla Alaahu Alayhi wasallam jedhu irraa kan gabaabsame ennaa ta'u hiikni isaas nageenyaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatu jechuudha. Innis kan jedhamu ennaa maqaan nabiiyyii dubbatame booda.

fudhatamaadha.” Islaamummaan magaalaa Madiinaa iddoo inni itti tasgabbii fi bilchina itti argate, akkasumas iddoo hojiin bakka buutota qaqqajeeloo afraniin bu’uureffame fakkeenya wahyii ta’e keessatti guutuutti gadi dhaabbate. Islaamummaan kutaa gara garaa bakka beektonni Islaamaa dhaalmaya (hambaa) warra Madiinaa fudhatanitti babal’ate.

Kan armaan gadii wantoota bu’uuraa baay’ee barbaachistoota ta’an kallattiidhaan kaayyolee Islaamaatiin wal-qabatan kan Maalikiin irra turani. Hojiin qabiyyee faayidaa ykn fedhii (*al-Maslaha*) irratti hundaa’anii waan tokko murteessuu seera Islaamaa keessatti yeroo waahillan ergamaa Rabbii (SAW) – keessattuu yeroo Umar madde.

Al-Gazaaliin akkana jedhe: “Yeroo gara *Qiyaasaa* dhufnu, sahaabonni fakkeenya hawaasa Muslimaaati. Kunis waan inni murteesse fi shakkii jarri fedhii irratti hundaa’an jedhuun wal-qabsiisuudhaani.”.

Al-Gazaaliin fedhii/faayidaa namaa akka madda ragaa irratti hunda’amee seerri Islaamaa ka’amuu godhanii hojiitti hiikuu ni fudhata. Sababni isaas waan gochi kun sahaabotaan hojii irra ooleefi jedha. Faayidaan ilaalamu faayidaa abbaan seeraa (abbaan amantii) ilaaleen kan wal-fakkaatu ta’uu akka ulaagaatti lafa kaa’e. Dhimmi guddaan faayidaan namaa fi kaayyoon abbaan amantii wal-simachuudha. Kaayyoleen abbaa amantii akka armaan gadiitti cuunfamee ka’amuu ni danda’a: ‘Faayidaa (namaaf) argamsiisuu fi miidhaa hambisuudha’. Hidhanni kun seera Islaamaa hunda keessa jira. Keessattuu seera aadaa fi hojii guyyaa guyyaa keessatti.

Ulaagaaleen fiqhii hiika of danda'aa qabu kamillee *Istihsaan* (waan hojjaatamu tokko gaariidha jedhanii yaaduu) irratti hundaa'uu qaba. Barruu jiru hubachuu fi cuunfaan barruulee sana irraa fudhatamu ulaaga kaayyoleen barruu Sanaa faayidaa argamsiisuu fi miidhaa deebisuu jedhu irratti hundaa'uu qaba. Kana jechuun yeroo barruu kamillee hubachuu barbaadan, ykn garaa garummaa jidduu seera lamaanii ilaalan faayidaa ilma namaa ilaalcha keessa galchuudha.

Wanti seera bu'uuraa Maalikii adda taasisu, yaada "fedhii hin daangeffamne" jedhu hojii irra oolchuudha. Manni barumsaa kun fedhii fi faayidaa ilma namaatiif xiyyeeffannoo kennuu isaa keessatti baay'ee ifaadha. Fedhii fi faayidaan kun kaayyolee fi fedhii seera Islaamaa hunda keessatti hojii irra oola. Akkasumas kaayyoleen addaa ykn fedhiin tokko tokkoon seera bulmaataa kana keessa jiru-seera aadaa fi hojii guyyaa guyyaa keessatti hojiitti hiikamuu qaba. Dhugaa dubbachuuf, abbaan seeraa wantoota akka faayidaa bu'uraatti tajaajilan hin dhowwu. Karaan faayidaa irratti hundaa'e aadaa Maalikiyyootaa keessatti hundee seenaa qaba.

Tiyooriin *Istihsaanaa* seera Islaamaa keessatti guutummaan guutuutti dagaage. Yaadichi hojii nabi Muhammad keessatti dura mul'ate; sana booda yeroowahyiin (beeksisni) samii dhaabbannaan barbaachisummaan isaa guddatu ifaaf ifatti babal'ate. Babal'innii fi shaakalli kun kan argame yeroo bakka buutota qaqqajeeltota afranii ture. Keessattuu yeroo barsiisaa fi fakkeenyummaa Umar bin al-Kaxxaab. Maalik *istihsaana* hiika qeenxee, fi ifaan ifatti faayidaa/fedhii ilma namaa ilaalcha keessa galchuu godhee hojiitti hiike.

Abuu Haniifaan karaa seera Islaamaa isa fedhii irratti hundaa'ee ni argatan, hiika seeraa, bulciinsa isaa fi yaada *Istihsaanaa* keessatti ibsan. Hanafiyoonni hiika qeenxee ifa ta'e tokko irratti waliif hin galle. Yaad-rimeen *istihsaanaa* jara biratti damee tiyoorii fedhii/faayidaa ilama namaa kan seera Islaamaa keessa jiruutiti.

Yoo Ilaalcha Maalikii keessatti istihsaanni sagal-kurnaffaa (9/10) hiika of-danda'aa fiqhii ta'ee fi hiikni Istihsaanaa fedhii dhala namaa fi haqa ilaalcha keessa galchuu ta'e fuqahaa'onni (beektonni seera Islaamaa) kaayyoo abbaa amantii, isa fedhii dhala namaa fi haqa mirkaneessuu ta'e sana hin dhabu. Akkasumas yoo miidhaa hojjatame barbaade istihsaanni hiika of danda'aa fi fatwaa miidhaa sana dhaabsisuuf oolu barbaada. Hiikni istihsaanaa Maalikii biratti fedhii dhala namaa mirkaneessuu, miidhaa deebisuu fi bakka seerri kitaabaa ifaan hin jirretti qajeelfama fedhii dhala namaa eegu jabeessuu jechuudha. Ilaalcha kana keessatti hariiroon jidduu abbaa amantii fi fedhii ilma namaa jiru ifa. Hiikni akkasii kun hariiroo jidduu seera idilee fi fedhii ilma namaa kan jarri tiksuuf hojjatan ibsa. Kunis yeroo kitaabni kaayyolee fi sababa isaa irratti hundaa'uun hubatameedha.

Manni barumsa Maalikii fi kanneen biroos *saddu al-zaraa'i* (waan hamaa deebisuu) jedhu ni fudhatu. Tooftaan/malli kun kallattii biraa, kan abbaan amantii faayidaa ilma namaa argamsiisuu fi miidhaa ykn malaammaltummaa deebisuun fedhii ilma namaa guutu keessaa isa tokko. Barreessitoonni ammayyaas mata duree kana hojii *usuul-al-fiqhii* keessatti ilaalan. Innis Ka'umsa isa abbaan amantii hubannoo seeraa kan hundeesse

kaayyoo faayidaa dhala namaatiif mirkaneessuu; miidhaa fi malaa maltummaa eeguufi jedhu irratti hundaa’uuni. Yeroo seerri seera duraan tumame irraa faayidaa garaa garaa argamsiisuuf ykn waan faallaa kaayyoo isaa kan dhugaatti gahuuf barruu duraanii fayyadamu seerri jaraa hin mirkaneessu.

Maalikiin dameewwan fiqhii hedduu keessati heera bu’uuraa kan *sad al-zarii’a* jedhu fayyadaman. Kunis booda al-Shaaxibiidhaan mirkaneeffame. Ergaan kun malaa maltummaa fi jecha nabiiyiin abbootiin aangoo akka kennaa hin fudhanne dhowwan keessatti hojiitti hiikama. *Maalikiyyoonni* (warri *mazhaba* Maalik hordofan) garee qulqulluu eeguuf jecha waa’ee fiqhii daldalaa, adabbii fi sirna gaa’ilaa irratti xiyyeeffatu. Ilaalchi mana barnoota Maalikii kan fedhiidhaan wal-qabte kan biroo immoo bittaa fi gurgurtaa, adabbii fi sirna gaa’ilaa ilaalchisee heera “qabxii wal-dhabbii ilaalcha keessa galchuu” dha.

Waa’ee adabbii seeraa irratti, manni barnoota Maalikii mana barnoota fiqhii keessaa kan hunda caalaa jabaa fi nama tokkoon yakkamaadha jechuu deebisuuf karaa dheeraa deemu; karaa roorroo fi malaamaltummaa hunda cufu. Yaada kanatti dabuun kun fiqhii, siyaasaa fi seera bulmaata Umar keessatti hidda godhate. Manni barnoota Maalikii kaayyoo ilma namaa ilaaluu fi seera isa irratti hundeessuudhaan mana barnoota duraa ta’an. Al-Shaaxibiin hariiroo jidduu kaayyoo ilma namaa fi kaayyoo abbaa seeraa jidduu jiru ifa godhe.

Mata dureen biraa kan maalikiyyoonni bifa walitti fufiinsa qabuun seera kaayyolee fi fedhiwwanii hojiitti hiikuuf hojjatan, waa’ee kakuu fi dirqama isaatiin wal-qabata. Dhimma kana irratti gaheen *niyyaan* (hamileen) qabu akka gaa’ilaa fi himannaa

yakkaatti ilaalan. Kunis dubbii gubbaa isaatiin fudhachuu osoo hin ta'in, kaayyolee fi fedhiwwan hojii fi jecha namaa booda jiru ilaalcha keessa galchuudhaani. Dabalataanis manni barnoota Maalikii seera *dhokataa* fi fedhii malaamaltummaa dhowwuu irratti xiyyeeffannoo addaa kenne.

Al-Shaaxibii fi tiyoorii isaa

Seenaan Abuu Is-haaq al-Shaaxibii akkana jechuudhaan isa ibsa: “Beekaa kabajamaa, imaama hubataa, fakkeenya, nama Qur’aana *haffazee* fi nama of danda’ee seera Islaamaa fi maddeen isaa hiikuudhaaf gahumsa qabuudha...” al-Shaaxibiin Giraanaadaa keessatti guddate. Shaykota Giraanaadaa fi warra iddoo biraatiin ilaalchi isaa jijjiirame. Hojii al-Shaaxibii keessaa kan hunda caala barbaachisaan “*al-Muwaffaqaat*” kan jedhamu bara 1302H/1184CE maxxanfame. Kitaabichi kaayyolee Islaamaa gurguddaa fi bulchiinsa isaan wal-qabatan, ragaalee idilee qooduu, hojii ummataa hogganuuf raga fayyadamuu, *ijtihaadaafi* murtii dhimma wal-dhabbiin wal-qabatu irratti fuulleffata. Al-Shaaxibiin mata duree *bida’aa* jedhuu fi *muhdasaa* jedhu dhiheesse. *Bida’aa* fi *Muhdasaa* jechuun hojii Qur’aanaa fi hadiisa, ykn jechaa fi gocha nabiiyyii keessa waanhin jirre hojjachuudha.

Seerota fiqhii bu’a qabeessa akka faayidaa hin daangeffamnee fi waan gaariitti fudhatamu (*istihsaana*) dhiheessuuf hundee tooftaa usuul al-fiqhii keessa jiru fayyadame. Ulaagaalee fiqhii fi kaayyolee seeraa hubachuu wajjiin, al-Shaaxibiin seerota/ulaagaalee fiqhii hojiitti hiikuu qo’ate. Al-Shaaxibiin barreessaa xiinxala fagoo fi beekaa dursee qo’annaa yeroo

dheeraa adeemsisee fi waan barreesse irratti nama mariyachiiseedha.

Al-Shaaxibiin qabiyyee walii galaa kan gorsaan wal-qabatu, hojii salaata dursuu ykn imaamummaa, mataa ofii kallattii kanaan beekumsaa fi dhugaa qabuun hoogganuu kan jedhu irratti fuulleffate. Fatwaa isaa keessatti inni sunnaa deebise, aadaa fi amantii yeroo nabiyyii fi sahaabota isaanii hin jirre, garuu kan yeroo al-Shaaxibii jiru ni faallesse.

Warroonni al-Shaaxibii qeeqan, shakkii fi soba isa irratti uumu. Garuu inni shakkii isaatiif dhugaa ta'ee hafe. Haala kana keessatti himannaan isa irratti kaafame. Al-Shaaxibiin kitaaba *al-I'tisaam* jedhamu barreesse. Kitaabichi kun kitaabbota waa'ee dur-hin jirree (waan amantii keessatti haaromsame) ilaalchisee barreeffame keessaa hunda caala barbaachisaadha jedhamee ilaalama.

Al-Shaaxibiin sheekkota hedduu warra gaaffilee ulfaataa ta'anii dhiheessan wajjiin waliif galee jira. Akkasumas yaada wal-jijjiirraa fi marii barbaachisaa yeroo sana mana barnoota Maalikii keessa ture irratti hirmaate. Gaaffileen irratti xiyyeeffataman kun fedhii fi amala yeroo sammuu isaa ibsa. Dhimmoota asii gadii muraasa dhiheesse.

Beektonni fiqhii warri mana barnoota Maalikii, dhimmoota kamuu irratti yaanni wal-faallaan hedduun jiraachuu danda'a jedhanii amanu. Hundinuu imaam Maalikitti hirkifama. Dhuguma jechi wal-dhabaan hedduun argamuu danda'a; garuu wal-faallessuun jidduu jaraa jiraachuu wajjiin fatwaa jaraa hunda isaanii irratti hundeessu. Beektonni *usuul al-fiqhi* iyyeroo dhimma amantii tokko irratti jechi wal-dhabbiin dhihaate, kamtu kamiin

dursa jechuunis yoo hin beekamne akka ragaa seeraatti hin fudhatamu jedhu.

Waan Maalik jedhe ilaalchisee yoo mana barnoota Maalikii keessa yaanni wal-hin simanne jiraate namni tokko “Kun ejjannoo warri mana barnoota Maalikii dhimma kana irratti qabaniidha” jechuu danda’a. Kunis yeroo jecha isaa kanaan nama yaada kana deeggarutu jira jechuu itti yaade qofa sirrii ta’uu danda’a. Beektonni fiqhii yeroo hunda jechoota *al-Mudawwanaah* Maalikii keessa jiru, ykn bakkuma fedhe jiraatee kan hubannoo jaraa irratti hundaa’ee murteeffame ilaalu.

Maalikii fi manni barnoota isaa “Yaada wal-faallaadhaaf iddoo kennuu” dhaan baay’ee beekamu. Ulaagaalee fatwaan Maalikiyyootaa gariin iratti hundaa’eedha. Erga akkana ta’ee seerri wal-dhabbii ejjannoo mana barnoota Maalikii ogganu, garuu ejjannoo mana barnoota ykn beektota warra birootiin wal-simatu fatwaan beektota fiqhii Maalikiitiin kennamu, erga murtiin kennamee ykn erga gochi raawwatamee murtichi dhugaa ta’uu fi yaada mana barumsa faallaa isaa wajjiin fudhatamaa ta’uu danda’a.

Al-Gazaalii, ibni Rushdii fi warri biraas gosa falamii yaada faallaa kan *shubahaa* (waan murtiin isaa wal-fakkaatu) sodaachuutti fudhatan. Dhimmoonni eeyyamamaa ta’uu fi ta’uu dhabuun hin beekamne, wanta wal-namatti fakkaatu (*shubhaa*) dha jedhanii amanu. wanti akkanaa aadaa nabiiyyii keessatti itti hin kakaafamu. Akka seera Islaamaatti garuu dhimmi wal-fakkaataan kun ilaalacha addaa qaba.

Yeroo hojii namoonni hordofan wanta seera keessatti barreeffameen, waan warri gaggaariin, beektonnii fi warra

ijtihaada godhaniin faallaa ta'uu agarre, gocha amma raawwatamaa jiruu fooyyessuu, seeraa fi fakkeenya warra nu duraa faallessuu qabanaa? Yoo akkana ta'e akkamitti sunnaan jijjiirama qabaatee itti fufa?

Gaaffiiwwan Al-Shaaxibiin ka'an kun ragaa idilee fi hundee fiqhiitiif amanamummaa inni qabu dhiiba. Akka sodaan Rabbii ibsutti wal-dhabbii hambisuuf, al-Shaaxibiin seera barbaachisaa fi fudhatamaa baase. Seerichis kan akkana jedhu: "Seera tokko hojii irra oolchuun yoo akka ilaalcha walii galaatti faallaa seeraa fi sababaa ta'e, akka seera guutuutti fudhatamaa fi wal-simataatti hin ilaalamu. Akkasumas haal-duree malee hojiitti hin hiikamu." Ijoon qo'annoo kanaa, *tiyooriimaqaasida* al-Shaaxibiiti. Qo'annaa seera kan taatee/sababa irratti hundaa'e, kan adeemsise keessatti al-Shaaxibiin "Seerri Rabbiin biraa buufame hundi ilma namaa tiksuu fi..." jedha. Seerri kan hundeeffameef fedhii dhala namaa eeguufi; hiikni taatee irratti hundaa'e kun bal'ina seeraa hunda ilaalchisee adeemsifamaa jira jechuudhaan goolabe.

Al-Shaaxibiin kaayyolee seeraa ol'aanoo lamatti qoode. Isaanis: kaayyolee ol'aanoo abbaa seeraa fi kaayyolee ol'aanoo warra seera biratti ilaalcha qabniiti. Dabalataanis kaayyolee abbaa seeraa gosa afuritti qoode. Isaanis: kaayyolee ol'aanoo abbaa seeraa seera hundeessuu keessatti, kaayyolee ol'aanoo hubannoo ummataa hundeessuu keessatti, kaayyolee ol'aanoo akka madaala oogganuutti hundeessuu fi kaayyolee ol'aanoo dhala namaa murtii seeraa jala fiduudha.

Al-Shaaxibiin kaayyolee abbaa seeraa kan seera hundeessuu keessa jiru gosa sadi'iin ibse. Isaanis: faayidaa dhala namaa kan amantii fi addunyaa argamsiisuuf barbabaachisaa ta'uu, dirqama

ykn barbabaachisummaa fedhii ykn kaayyoleedhaan wal-qabatan, miidhagina kan wanta barbaachisaa fi dirqamaa argamsiisuu fi guutuuf oolu hojjatu. Kaayyoleen baay’ee barbaachisoon: amantii, lubbuu namaa, sanyii namaa, qabeenya namaa fi sammuu namaa of-keessatti hammata jedhe. seerri Islaamaa kan karaa godhameef, fedhiiwwan baay’ee barbaachisoo fi kanneen biroo seeraan tiksuu, argama jaraa guddisuu fi dhabama irraa jara eeguufi. Fedhiiwwan barbaachistoonni shanan fedhiiwwan biroo hundaaf akka bu’uuraatti ilaalamu.

Fedhiiwwan seeraan eegaman kun tokko kan biraa balleessuuf hojiitti hiikamuu hin qabu. Akkasumas kan irra barbaachisaa ta’e kan xiqqoo barbaachisaadhaan haqamuu hin qabu. Tokko kan biraa jabeessuu, guutuu fi eeguudhaaf hundeeffaman. Kana labsuun booda “Kaayyoleen barbaachistoonni dirqamaa fi bareedinaaf bu’uura.” Al-Shaxibiin kan armaan gadii lafa kaa’e:

- Wantoonni baay’ee barbaachistoonni wantoota dirqamaa fi bareedinaatiif bu’uura.
- Wal-duraa duubni Wantoota baay’ee barbaachistootaa baduun wal-duraa duubni kan lamaan boodaa baduutti geessa.
- Wantoonni dirqamaa fi bareedinaa wal-madaalu dhabuun tartiibni wantoota barbaachisoo wal-madaaluu dhabuu hin kennu.
- Wantoonni bareedinaa ykn dirqamaa guutumaan guutuutti wal-madaaluu dhabuun, wantoonni barbaachistoonni hanga tokko wal-madaaluu dhabuutti

geessuu danda'a. Wantoonni miidhaginaa fi dirqamaa wantoota barbaachistootaaf qusatamuu qabu.

Al-Shaaxibiin kaayyolee ol'aanoo abbaan amantii gadi fageenyaan hubachuudhaaf seera hundeesse bal'inaan ibse. Seera hundeessuu akka madaala oggansaatti ilaaluu ilaa'lchisee al-Shaaxibiin kaayyolee abbaa seeraa gaaffilee seera duratti deebii qaban, abbaan seeraa maal-hojjata, maal dhiisa? Isa jedhu addaan baase. Fkn kan akkana jedhu cuunfee kaa'e: "Yoo kaayyoon abbaa seeraa waan nurraa barbaade sanaan rakkinnaa fi ulfaatina kaasuu ta'e, kaayyoon isaa nuti gaarii hojjachuu fi dirqama keenya ba'achuu mirkaneessuudha."

Akka al-Shaaxibiin jedhetti Islaamummaa keessatti seerri "Karaa akkaan madaalawaa ta'ee fi tarkaanfii moggaa lamaanii jidduu..." ta'ee buufame. Dirqamoota seeraan barbaadaman irra hedduu, kan akka salaataa, soomaa fi zakaa, akkasumas dhowwamiinsa wantoota dhowwamanii irra hedduun, hundinuu irra hedduun isaa madaala ilma namaatiin wal-simatu ta'uu agarra.

Yeroo waa'ee kaayyolee ol'aantuu murtii abbaan seeraa keessa jiru ibsu al-Shaaxibiin akkana jedhe: "Ilma namaatiin wal-qabatee seerri Islaamaa kan hunda of-keessatti hammatee fi hunda wal-gahaadha.". "waan baranne hunda; kan dhimma addunyaas ta'ee kan sanaan alaa gara aangoo seeraatti deebisuu qabna.". inni kaayyolee abbaa seeraa cubbuu/jallina fedhii addunyaa irraa gara aangoo seeraa fi bulchiinsa isaatti baasuufi jechuudhaan ibse.

Akkasumas yeroo kaayyolee seeraa ijibbaata godhu al-Shaaxibiin kaayyolee dhala namaa tuqee jira. Kunis dursee

hubachuu isaa fi dhimmicha keessatti mijjee/gahumsa qabaachuu isaa kan ibsu keessaa isa tokko. Dhugaa amantiin kan “Hojiin niyyaa/kaayyoo irraa addaan hin bahu; yeroo amala tokko irratti murteessan kaayyoleen ilaalcha keessa galfamuu qaba” jedhu raggaasise. Dabalataanis “Kaayyoon abbaan seeraa namaaf qabu seera kaa’uu keessatti fedhii isaatiin kan wal-galu gochuudhaaf maal godhuu qaba isa jedhu yaaduudha.”

Akka al-Shaaxibiin goolabetti “...ammayyuu goolabbii marii kaayyolee kanaa ifa godhuuf oolu, kan itti yadame fi waan Rabbiin itti fedhe sirriitti hiikuu nu barbaachisa.” “waan abbaan seeraa yaadee fi kan inni hin yaanne namni tokko akkamitti adda baasa?” jedhee gaafate. Kaayyolee abbaa seeraa beekuudhaaf bu’uura afur kaa’e. Jalqaba ajajaa fi dhowwaa mul’ataa, ajajaa fi dhowwaadhaaf bu’uura isaa ilaalcha keessa galchuu, kaayyolee lammaffaa ilaalcha keessa galchuu (kaayyolee duraa tajaajiluu keessatti) fi abbaan seeraa haala labsaa fi seera baasuu barbachisetti cal’isuudha.

Akka tiyooriin kaayyolee al-Shaaxibii dhiheessutti irra hedduun barruu isaa ibsutti bakki namni tokko ‘kaayyoon isaa’ argatu tiyoorii isaa ifaa fi hubatamaa godha. Al-Shaaxibiin jalqaba *maqaasid al-Sharii’aa* fi waan isa hordofee dhufu irratti xiyyeeffate. Mormii isaa jabaa ejjannoo bu’uurri fiqhii seera walii galaa irratti ijaarame isa jedhu irratti. “Hawaasni Muslimaa seerri Islaamaa wantoota barbaachistoota ta’an eeguu irratti hundeeffame jechuu irratti waliif galu. Isaanis: amantiin, lubbuu, sanyii, qabeenyaa fi sammuu namaati.”

Kaayyoleen ol’aanoon seeraa fi ulaagaan isaa aqiidaa Islaamaa wajjiin Qur’aana Makkaati buufame wajjiin jirti. Akka al-

Shaaxibiin wantoota barbaachistoota ykn wantoota walii galaa shanan hordofetti ragaaleen jara deeggaran Qur'aana Makkaa keessa jiru. Amantii Islaamaa tiksuu fi sirreessuun, sirreessuu fi jabeessuun Qur'aana Makkaa keessa jiru dhimma beekamaa fi ifaa, kan ragaa fi fakkeenya isa deeggaru tarreessuun hin barbaachisneedha. Al-Shaaxibiin seera/ulaagaa seeraa kan Qur'aana Makkaa fi kan walii galaa dhiheesse.

Al-Shaaxibiin hariiroo jidduu ragaalee shari'aa hedduu – Qur'aana, Sunnaa dabalatee fi jidduu dameewwan seeraa gara garaa kan walii galaa fi kan addaa walitti hidhuuf ilaalcha isaa kan “Kaayyoo irratti hundaa’e” fayyadame. Akka inni ilaaletti, Qur'aanni Makkaa yaada/ibsa walii galaa irratti kan xiyyeeffate yeroo ta’u, kan Madiinaa immoo ibsa bal’inaa irratti xiyyeeffata. Sunnaan guutumatti Qur'aana irratti hundaa’e jedha. Sunnaan hiika walii gala Qur'aana keessaa, kan tokkollee Qur'aanaan wal-hin dhabne irratti hundoofnee fakkeenya kam hordofuu akka qabnu nuuf ibsa.

Al-Shaaxibiin yaada kaayyolee fi qoodama seeraa gara gosoota barbaachistoota, ajajni fi dhowwaan seera Islaamaa keessa jiru sadarkaa tokkoo fi barbaachisummaa wal-qixa hin qabu jedhu deeggaruuf itti fayyadame. Amantoonnii fi manni barnootaa wal-duraa duubaa fi sadarkaa ajajaa fi dhorkaa seera keessa jiru itti yaaduu qabu.

Mata dureewwan *usuula al-fiqhii* irratti barreeffaman hedduun waa’ee seera bulmaataa irratti xiyyeeffata. Keessattuu akka lakkoofsa Hijraatti jaarra 5^{ffaa} irraa eegalee waan kana irratti xiyyeeffate. Ibsi hojii ‘*Mahbuub/jaalatamaa*’, ykn ‘eeyyamamaa’ jedhuu hojiiwwan bulchiinsaan wal-qabataniidha. Warroonni

usuulaa irra hedduun jaraa dhimma qoodinsaan wal-qabatan dhiheessan. Al-Shaaxibiin dhimma kana kallattii “Tiyooriiikaayyolee” tiin ilaale. Garaa garummaan inni jidduu gochaa fi hojjachuu dhabuu seensise ilaalcha walii galaa fi kan addaa, fedhiwwanii fi kaayyolee irratti hundaa’e.

Hariiroon jidduu sababa, bu’aa fi kaayyoo jiru; sababnii fi dhugaan nama dhuunfaa fi fedhii hawaasaa wajjiin wal-qabata. Al-Shaaxibiin ulaagaalee fi seera ilaalcha kaayyolee irratti hundaa’een wal-qabatu lafa kaa’e. Fkn abbaan seeraa, sababa murteessuu keessatti, akkuma kaayyoo qaban bu’aa qabu. Ilmi namaa sababa qofaaf gaafatama malee bu’aa jaraatiif miti. Rabbit itti gaafatama bu’aa fi sabba wal-qabatiinsa jidduu jaraatii fi sababa jaraa jiruu fudhate.

Al-Shaaxibiin barruu namni dhuunfaa bu’aa isa ilaallachuu qaba jedhuu fi yeroo sababa hojjatu sana ilaalcha keessa galchuu qaba jedhu akkana jechuudhaan dhiheesse: “...namni tokko bu’aa hojii isa boodaatiif xiinxala/xiyyeeffannoo kenne wanti kun osoo hojii sana hin hojjatin irraa dhaabbachuuf isa gargaaruu mala.”wanti fedhii namaa fi kaayyoo Rabbii eegu, fedhamuu fi yaadamuu qaba. Wanti jara miidhu kan fedhe haa ta’uu eegamuu fi didamuu qaba.

Tiyoorii al-Shaaxibii keessatti dhimmoota bu’uura ta’an
Yeroo tiyoorii kaayyolee bu’uuraa irratti xiyyeeffannu, al-Shaaxibiin seerri guutummaa isaa keessatti sababaa hordofa jedha. Yaanni hundi isaatuu ilaalcha inni ilma namaatiif qabuu fi taatee inni argamsiisuun hubatama jedhuutti akeeke. Seerri hunduu fedhii ilma namaa eeguudhaafi jechuudhaan eegalee itti

fufe. Ejjannoo dhimma *al-ta'liil/sababaa* irratti qabu ibsuudhaaf jidduu dhimmoota aadaa, taatee guyyaa guyyaa fi jidduu hojii *ibaadaa* (gabbartii) addaan baase.

Seera bulmaataa kanaaf ilaalchi duraa dubbisa qo'annaa seeraa, kan kaayyoon abbaa amantii (qabatama jiru hordofuudhaan) gargaarame. Ilaalchi al-Shaaxibiin dhimma *ta'liilaa/sababaa* irratti qabu '*Ta'liilli* seera Islaamaa ilaalcha inni dhala namaatiif qabuun ilaalama jechutti amana' jedhanii cuunfanii kaa'uun ni danda'ama. Al-Shaaxibii fi manni barnoota Maalikii irra hedduun, dhaabbanni bulmaataa kan hojii gabbartii Islaamaatiin wal-qabatan *ilala/sababa* irraa walaba ta'uu qaba jedhu. Wantoonni sammuun fudhatuu fi kaayyolee gosoota gabbartii Islaamummaa keessaa hedduun barruu jarri keessatti hundeeffaman deeggara jechuttii amana. Waa'een ibaadaa fi ibsi ibaadaa gara garaa hojii fedhii irratti hundaa'een hin dhihaatu jechuudhaan goolabe.

Al-Shaaxibiin akkana jechuudhaan barreesse: "Seerri daldalaa fi aadaadhaan wal-qabatu, akkasumas seerri hedduun kan *ibaadaan* wal-qabatu, kaayyolee dubbataman, kan faayidaa/fedhii ilma namaa guutuuf karaa godhameedha. Yoo hiika adda addaatiif banaa ta'anii hafan, hiika malee hafuudhaan sababa wal-dhabbii fi qoqqoodamaa ta'u." Ulaagaaleen akkasii beektonni fiqii murtee tokko sababa irratti hundaa'anii murteessuuf gargaara. Hiikni sirrii, qooduu fi waa addaan baasuun faayidaa beekamaa qaba.

Seerri Islaamaa qabiyyee dimshaashaa fi kan adda addaa of keessaa qaba jedhe al-gazaaliin. Fedhiin dimshaashaa seeraan eegame "Seera murtaawaa tokkotti gahuuf nama hundaaf deebii ta'uu qaba..." Akka al-Gazaaliin jedhetti "Seerri hunduu

ogummaa (*hikmaa*) murtaawaa qaba; gaarummaa fi eebba ilma namaatiif qaba.” *Ta’aliilli* tooftaa fi seera mataa isaa danda’e, kan heera *usuul al-fiqhi* keessatti hordofamuun dirqama ta’u qaba. Namni tokkollee yeroo waa’ee seera Rabbii dubbatu ykn hojjatu fedhii fi filannoo isaa irratti hundaa’ee *illaa* (sababa) kaa’uu hin danda’u.

Waahillan nabiiyyii wantoota bu’uuraaa fi kaayyolee seera Islaamaati jechuutti hubatan irratti hundaa’uudhaan *ta’liila* godhaa turan. Beektonni duraanii fi beektonni amantii *ta’liila* diduudhaan *loojikii* gaaffii qabu fayyadaman. Al-Shaaxibiin guutummaan guutuutti *ta’liila* diduu al- Raaziitti hirkise. Garuu ibni Hazmiitu caalaatti morma.

Bu’uurri ilaalcha amantii fedhii ilma namaa kan seera Islaamaa keessatti dagaage san eeguudha. Gaaffilee mana murtii kamitu hojii Rabbii fi seera Rabbiin biraa buufameen wal-simata isa jedhu hubachuun barbaachisaadha. Adeemsi bu’uuraa fi faayidaa seeraa adda baasuu tooftaa addaa, daangeffamaa fi ulaagaa wajjiin kan wal-qabatu ta’uu agarre.

Kun hunduu boqonnaawwan kitaaba fiqhii, hadiisaa fi hiika Qur’aanaa fi Sunnaa keessatti ibsamee jira.

Nuti faayidaa qabeenyaa fi afuuraa (kan amantii) fi faayidaa bulchiinsa seera Islaamaa keessa jiru barbaaduu, faayidaa argachuu fi miidhaa xiqqeessuutti waamne. Islaamummaan tooftaalee qo’annaa hunda fi beekumsa Rabbiin nuuf kenne fayyadamnee gaaffiiwwan gara waan bu’aa fi seera qabeessaatti jijjiiruutti ajaja. Yeroo dubbiin akkas ta’u goolabbii ragaa qabatamaan wal-simatu irra gahuun isa fudhachuu dandeenya;

yoo akkas hin ta'in dhimma sana irratti fedhii Rabbii hordofuu qabna.

Beektonni Muslimaa yeroo faayidaa fi miidhaa tilmaaman ykn murteessan miidhaa fi faayidaa kan addunyaa fi *aakiraa* ilaalcha keessa galchu. Yaad-rimeen faayidaa fi miidhaa beektota Muslimaa biratti faayidaawwan addunyaa biroos of-keessatti qabata. Akkasumas sababaa fi akkaataa isaan itti argaman, miidhaalee addunyaa biroo, sababaa fi akkaataa miidhaan sun itti aragame; faayidaa addunyaa fi akkaataa faayidaan sun itti argame of keessatti hammata. Fedhiin dhugaan jiru tajaajila malee hin balleessu. Seerri faayidaa garaa garaa argachuu fi itti bashannanuuf daangaa kaa'ee jira. Sababni isaas, tarii ilmi namaa faayidaa wahii kan miidhaawwan gosoota gara garaa qaban, ykn faayidaawwan sana caalu kan silaa fuul-duratti argatu, kan isa dhabsiisu argachuuf yaaluu danda'a.

Faayidaa fi miidhaa jidduu wal-faallessuun argamuu danda'a. Sababni isaas wanti tokko gama tokkoon kan faayidaa qabuu fi gama kaaniin immoo kan miidhaa qabu ta'uu waan danda'uufi. Kanaafuu seerri ummanni isaaf ajajamanii fi aangoo isaa jala deeman jiraachuun barbaachisaadha. Kun fedhii walii galaati. Faayidaa fi miidhaa ilaalchisee Islaamummaan gosoota faayidaa hunda, gulantaa hunda keessatti eeguutti waama. Xiqqaa fi guddaas hin dhiisu. 'Fedhii murtaawaa tokko daangessuun (zeeroo godhuun) fedhii ilma namaa eeguufi. Kan inni hojiitti hiikamus namoota murtaawaa irrattii fi haala murtaawaa qofa keessatti. Al-Shaaxibiin faayidaawwan gosa gara garaa fi ilaalcha seeraa irra caalaa, kan wal-dhabbii jiru hiikuuf seera Islaamaa keessatti argamu hiikaa fi ibsa isaa kenneefii jira.

Seerri Islaamaa wantoota baay'ee barbaachistoota ta'an, wantoota bu'uura jireenyaa ta'anii fi jiruu miidhagsuuf oolan mirkaneessutti waama jechuu irratti beektonni Muslimaa waliif galu. Wantoonni baay'ee barbaachisaa ta'an, kan eegamuu qaban kun: amantii, lubbuu namaa, sammuu, sanyii dhala namaa fi qabeenya. Ammas walii galteen beektotaa kan akkana jedhutu jira: "Wantoonni wantoota shanan kana eeguuf oolu hundi bu'a-qabeessa; wantoonni wantoota shanan kana miidhan hundi miidha-qabeessa."

Sammuu namaa waan tokko gaarii fi faarfamaadha, ykn badaa fi arrabsamaadha jedhee murteessuu ni danda'amoo wantoonni kun labsii/keeyyata seeraa qofaan murtaa'a kan jedhu gaaffii bakka hunda faca'ee jiruudha. Gaafiin akka kanaa kan qo'attoota waa'ee amantii qo'atanii fi warra *Usuula fiqhii* biratti beekamuun wal-fakkaata. Fakeenyaaf gaaffii *al-tahsiin wa al-taqbiih* (waan tokko gaariidha ykn badaadha jechuu) fa'a kaasnee ilaaluu ni dandeenya. Al-Shaaxibiin qabxii kana irratti ilaalcha *Ash'araa'itiin* jijjiirame (ilaalcha isaa fudhate). "Yoo gaaffi idilee tokko irratti ragaan kitaabaa fi ilaalchi sammuu wal-simate ragaa kitaabaatiif dursi kennamuu qaba. Ilaalchi sammuu waan ragaan kitaabaa eeyyamu ta'uu qaba" jedhu jecha Ash'araa'it. Akka Ash'araa'it jedhutti "Sammuu waan tokko gaariidha ykn badaadha, ykn madda faayidaati ykn madda miidhaati" jedhee murteessuu hin danda'u.

Gama biraatiin immoo yaada faallaa Ash'araa'it lamatu jira. Isaanis: yaada Mu'tazilaa fi Maatridiyyaati. Akka yaada Mu'tazilaatti gaarummaa fi badummaan waan tokkoo kan sammuuudhaan murteeffamu waan ta'eef gochi tokko osoo seerri

isa ibsu hin labsamin dura bu'a qabeessa ykn miidha-qabeessa jedhanii murteessuun ni danda'ama. Warri Mu'tazilaa seera idilee tokko malee, namni sammuu fi ilaalcha sirrii qabu sababa qofaan itti gaafatama fudhata jedhu. Akkuma seera Rabbiin biraa bu'een mirkaneeffamuu danda'u ilaalcha sammuu namaatiinis mirkaneeffamuu danda'a. Garuu kan amma qabatamaan faca'ee jiru tiyoorii Mu'tazilaa osoo hin ta'in kan Ash'raa'iti.

Akka yaada kanaatti faayidaa ykn miidhaan waan tokko ykn gocha tokkoof goonu bu'aa seera Rabbiin biraa dhufeeiti. Kanneen kitaaba Rabbiin biraa buufame duraatii fi seerri isaan wal-qabatu kan duraan fudhatame yaad-rimee faayidaa fi miidhaa hin qabu. Qur'aanni wantoonni eeyyamaman bu'a qabeessa; wantoonni dhowwaman miidha qabeessa jechuu nuuf himee jira. Yeroo jalqaba Islaamummaa irraa eegalee Qur'aanni hordoftoota isaatiif dhugummaa dhiheesse; haqa hojjachuutti ajaje; gocha sababa dhugaa (sammuu nagaa) faallessuu fi kijiba ummanni keessa jiraatan ni dheekkame.

Ash'araa'it kan "Gaarummaa fi badummaa"n wanta tokkoo akka dhimma sammuu ibsamuutti fudhachuu didan dhimma kana irratti warra Mu'tazilaa wajjiin wal-mormii yeroo dheeraa qabu. Wal-falmiin sababni/ragaan nabi Muhammadii fi ergaa dhugaa kan hin didamnetti geessuu akeeka. Sababa/ragaa dhiheessuun seerri Islaamaa haala sirrii ta'een fedhii ilma namaa eega isa jedhu nama amansiisa. Ilaalchi inni maddifaayidaa ykn miidhaa sammuu ilma namaatiin ibsamuu danda'a jedhu, sammuu ilma namaa waan hunda dogoggora tokko malee sirritti beeka jechuu miti. Sammuun namaa waan garii beekuu danda'a; waan garii immoo beekuu hin danda'u.

Al-Shaaxibiin irra deddeebi'ee akka sammun namaa qophaa isaa madda bu'aa fi miidhaa murteessuu hin dandeenye ibse. Ummanni karaa malee qajeelfamnaa Rabbiin nabiyyii erge jedhe. Sammuun ilma namaa hanguma fedhe gahumsa qabaatus, amantii waan bu'aa qabu argamsiisuu fi waan miidhaa qabu deebisuuf nama gargaaru qabaachuu barbaachisa. Kanaafuu seera Islaamaa keessatti amantii tiksuun bakka ol'aanaa qaba.

Iddoowwan armaan gadii keessatti, sababni fedhii ilma namaa daangessuu keessatti bu'a-qabeessa ta'uu danda'a. Hiikni kitaabaa/wahyii kan fedhii irratti hundaa'e beektota fiqhii irra hedduu biratti akka gaaritti hundeeffamee jira. Fedhii kitaabni Islaamaa mirkaneessuu barbaade mirkaneessuu keessatti sababni shoora guddaa taphata. Fakkeenya waan kanaa kitaabota fiqhii Islaamaa, kitaabban Qur'aanaa fi Sunnaa wabii godhachuudhaan barreeffame hedduu tarreessuun ni danda'ama. Maaltu gaariidha; maaltu badaadha? Isa jedhu summuudhaan madaaluun jijjiirama madda faayidaa fi miidhaa madaaluu, seera bulmaataa keessatti maal barbaadu kan jedhu madaaluu barbaachisa. Faayidaa fi miidhaan wal-faallessuun dhimma yeroo hedduu wal-dhabbii uumu.

Seerri Islaamaa idileen fedhii namaa kan hin daangeffamne uumuu irratti hundaa'e. Daangaan fedhii hin daangeffamnee kun akkuma ummanni Muslimaa heddummaatuun babal'ataa deema. Beektonni seera Islaamaa fedhii hunda bakka isiidhaaf malu, kan seeraa fi kaayyolee isiitiin deeggaramee qubsiisuudhaaf of qopheessuu qabu. Fedhii ummata Muslimaa qixa sirriitiin eeguudhaaf kanatu tooftaa filatamaadha.

Qur'aanni waan Afaan Arabaatiin bu'eef kaayyoleen seeraa ol'aanoon Afaan Arabaa irratti hundaa'ee ilaalamuu qaba. Barruun al—Shaaxibii seeraa fi daangaa Afaan Arabaa eeggachuu fi hordofuun kaayyoo kitaaba/ergaa Islaamaa hubachuudhaaf barbaachisaa ta'uu irra deddeebi'ee jabeessa. “Afaan Arabaa kaayyolee ol'aano abbaa seeraa ibsa” jedhe.

Gocha tokko irratti seera idilee gara garaa ibsuu ilaalchisee al-Shaaxibiin hariiroo jidduu seerota gara garaa, keessattuu wantoota dirqamaa fi jidduu wantoota hin barbaachisnee fi wantoota dhowwamaa jiru ibsee jira. Al-Shaaxibiin kaayyoleen bu'uuraa wantoota shanan barbaachistoota ta'an wajjiin wal-qixa jedha. Gama biraatiin immoo kaayyolee lammaffaa immoo waan fedhiin namaa itti dabu wajjiin wal-qabsiise. Fedhii namaa immoo sadarkaa wantoota bu'uuraa fi kan miidhaginaaf oolanii keessatti ramade.

Akka al-Shaaxibiin jedhutti, qabatama jiru qo'achuun kaayyolee seeraa adda baasuudhaaf meeshaa akkaan barbaachisaadha. Heerri bu'uuraa kan fiqhii Islaamaa dhugaa muramaa irratti hundaa'uu qaba. Ragaan waan kanaa qabatama jiru, kan dhugaa guutuu namaaf ibsu dubbisuudhaan hubatamuu danda'a jedhe. Sababani isaas waan seerri Islaamaa walii galaa ragaa qeenxee osoo hin ta'in ragaa hedduu irratti hundaa'eefi.

Al-Shaaxibiin jalqaba kitaaba isaa *al-Muwaffaqaat* jedhamuu irratti qabatama jiru qorachuu kaayyolee seeraa wajjiin wal-qabsiise. Kaayyoleen Qur'aanaa fi Sunnaa hundi yaada seera ajaja isaa hordofuu irratti ykn yaada *ta'alii* (sababa) irratti hirkata. *Ta'liilli* immoo yaada seerri Islaamaa fedhii ilma namaa eeguudhaafi jedhu, kan irratti waliif galamaa ta'e irratti hirkata.

Al-Shaaxibiin yeroo ragaa yaada kana lamaan deeggaru barbaadu Qur'aanaa fi Sunaadhaan eegale. Ragaan al-Shaaxibiin dhiheesse jalqabaa hanga dhumaatti qo'annoo irratti hundaa'e. Qabatama jiru qo'achuun kaayyolee seeraa beekuudhaaf sababa akkaan barbaachisaadha jedhe. Sababni isaas, kaayyoon abbaa seeraa faayidaa fi fedhiwwan bu'uuraa eeguu waan ta'eefi. Al-Shaaxibiin "Qo'anaa seeraa kan barbaachisummaa walii galaa fi kan daangeffamaa qabu dubbisuudhaan waan kana mirkaneessuun ni danda'ama" jechuudhaan barreesse. Itti fufuudhaan "... dubbisni dhuunfaa/queenxee ... icciti seeraa fi yaada walii galaa ilaallata malee ibsa alaa miti" jedhe.

Akka al-Shaaxibiin jedhutti, qabatama jiru qo'achuun kaayyolee seeraa hubachuudhaaf meeshaa akkaan barbaachisaadha. Kaayyoleen karaa qo'annaatiin hubatamu kun seerota Islaamaa gurguddaa fi kan walii galaati. Ibsi al-Shaaxibiis kanuma irra naanna'a. Seera walii galaa fi kayyolee walii galaa kan al-Shaaxibiin goolabee kaa'e irra gahuuf qo'annoon shoora guddaa taphata.

Tiyoorii al-SHaaxibii akka walii galaatti madaaluu

Al-Shaaxibiin bu'uura fiqhii Islaamaa, kaayyolee seera Islaamaa qo'achuu fi tiyoorii kaayyolee ijaaruu keessatti shoora guddaa taphate. Obsa, argannoo fi goolabbii qo'annaa irraa argate irraa fayyadame. Qoodaa *Usuuliyyootaa* kan fedhiwwan ilma namaa bakka sadiitti qoodan irraas fayyadamee jira. Qoonni sun sadan: wantoota bu'uuraa kan jiruu namaatiif barbaachisan, wantoota barbaachisoo ta'an garuu kan jireenya bu'uuraatiif dirqama hin barbaachisnee fi wantoota jiruu bareechaniidha. Kunis wantoota

eegamuun isaa baay'ee barbaachisaa ta'ankan bakka shanitti qoodaman dabalateeti.

Waa'ee fedhii ilma namaa ilaalchisee Al-Shaaxibiin yaada al-Juwaynii, al-Gazaalii fi mana barumsa Maalikiitii, *Istislah* fi *istihsaan*, akkasumas barruulee Islaamaa kanneen fedhii irratti hundaa'aniin dhiibbaan irra gahe (yaada isaaniitiin jijjiirame). Manni barmsaa kun kaayyolee abbaa seeraa mirkaneessuu fi isa irratti murtii ofii ijaaruu irratti xiyyeeffata.

Al-Shaaxibiin kaayyolee seeraa mul'ataa, qabiyyee beekmaa qabanii fi kannneen hin dagatamne fi hin xiqqeeffatamne irratti xiyyeeffate. Yaanni *maqaaqid al-Sharii'aa* (kaayyolee sharii'aa) barruulee isaa irra hedduu keessa jira. Kaayyoleen seeraa gaaffilee fiqhii sababa irratti hundaa'an keessa akka seensifaman sissi'esse.

Xiyyeeffannoon al-Shaaxibiin kaayyolee ilma namaatiif kenne kan tiyoorii isaa biraa faallessuudha. Kaayyolee seeraatiif xiyyeeffannoo kennuun isaa ibsa kaayyoo ilma namaatiin goolabuu isa dandeessise. Al-Shaaxibiin akkaataan inni itti ergaa amantii fi kaayyolee namaa wal-qabsisee fi wal-irraa addaan baase, kaayyolee ilma namaa kan inni qormaata abbaa seeraa irratti hundaa'ee adeemsise wal-maddii deemuu dhabuu isaa irratti ibsa kenne.

Tooftaan kaayyoon abbaa seeraa ittiin hiikamu ittiin beekamuu damee *usuul al-fiqhii* biratti damee dabalataati jedhe. Al-Shaaxibiin seera walii galaa, kan kaayyolee ilma namaa, kaayyolee ol'aanoo abbaa seeraa fi tooftaa ittiin kaayyoleen abbaa seeraa beekamu sirritti qulqulleessee lafa kaa'e. Akasumas al-Shaaxibiin hubannoo nuti seera Islaamaa irratti qabnu, kan

ijtihaadaa, hooggansa isaa, ga'umsa nuti qajeelfama isaa fudhachuu fi kaayyoo isaa irratti hundoofnee adeemuu irratti qabnu irratti hubannoo keenya jijjiire.

Al-Shaaxibiin seera Islaamaa keessatti beekamtummaa argate. Kaayyoo fi faayidaa (*hikmaa*) isa keessa jiru irratti akeekuudhaan utubaa ta'e. Al-Shaaxibiin gahee fi sadarkaa *Maqaasid al-Sharii'aa* akkuma *ijtihaadaatti* ol-kaase.

Guduunfaa

Maqaasid al-Sharii'aa irratti Qo'annaa dabalataa

Dhimmoonni ijoon asitti dhihaatan gariin qo'annaa dabalataa barbaadu. Namni fedhii beekumsaa qabu waa'ee *fiqhii* fi usuula fiqhii ilaalchisee kan asitti barreefame irraa kan hafe qaawwa cufuuf ni hojjata jennee abdanna. Kun immoo dhimma kana irratti ibsa dabalataa nuuf kenna. Akkaataa kaayyoon ol'aanaan seeraa itti mirkanaa'u gaafachuu/beekuu qabna. *Maqaasid al-sharii'aa* babal'isuuf seera bulmaataa fi dameewwan isaa dabalataan qo'chuu qabna. Wantoonni baay'ee barbaachistoota ta'an shanan, yeroo ammaa kanas shanuma irratti gabaabbachuu qabaa? isa jedhu irra deebinee yaaduu qabna. *Ijtihaada* kaayyoo irratti hundaa'e irra deebinee hundeessuu qabna. *Fiqhii* Islaamaa keessatti kaayyolee seera walii galaa qo'achuu qabna.

Waa'ee barreessa kitaabichaa

Maqaan barreessaa kitaaba kanaa Ahmad al-Raysuunii jedhama. Barnoota isaa sadarkaa doktoorummaa (Ph.D) Yuuniversitii Muhaammad al-Kaamis, kan Raabaat, Morookoo keessatti argamu irraa damee barnoota Islaamaatiin eebbifame. Ministera haqaa keessa hojjataa ture. Gaazexaa *al-Tajdiid* (haaromsa) jedhu gulaale, Dhaabbata Ulamootaa, kan Morookoo keessa jiran hedduu keessatti miseensa ta'ee hojjataa jira. Piroofeesar al-Raysuuniin damee *al-Maqaasid* irratti kitaabota hedduu Afaan Arabaatiin barreesse. Gariin isaa gara afaan biraatti hiikamee jira. Yeroo ammaa kana Yuuniversitii Muhammad al-Kaamis, Koollejjii Aartii fi Namummaa (Art and Humanity) keessatti barsiisa.

Kitaabni Kun

Kitaabni walittii fufaan (silsalaa IIIT) jedhamu kun maxxansaa dhaabbatichaa furtuu tahan walitti qabaman bifa cuunfaatiin dubbistootni akka hubannaa cimaa barruu bu'uuraa (orignaal) qabaataniif barreeffameedha.

Xumura baroota durii islaamaa dura, beektonni islaamaa barsiisa islaamaa, gocha/duudhaalee islaamummaa fi gochaawwan muslimoonni laffarratti guyyarraa raawwatan jiddutti garaagarteen mul'achuu isaa adda baafachuu jalqabani turan.

Karaan irra bu'aa qabeessi hayyoonni kun walitti dhufeenya jidduu muslimtootaa fi Qur'aanaa itti surphaa turaniin keessaa tokko kaayoo islaamummaa qo'achuun, sababa duuba heera fi seera islaamaa booda jiru qorachuu, akeekaa fi galma shari'aaf murteessoo ta'an ykn seera islaamaa adda baafachuudhani.